

Odeeffannoo STD

Chancroid - Oro

Murmuraa

(baakteeriyaa *Haemophilus ducreyi* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'atni Murmuraa:

- Quunnamtii booda guyyaa 4-10 itti mul'ata
- Madaa naannoo qaama saalaa yammuu malaastu nama dhukkuba
- Madaan-muddiin dhiita'ee nama dhukkuba

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Murmuraan haala armaan gadiitiin daddarba:

- Wal quunnamtii saalaa
- Karaa afaaniin luuguu
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu
- Naannoo madaa'e sanatti gogaan yoo waliitti bu'e

XAAXAWWAN/BOODDEE

Murmuraan yoo yaalamuu baate:

- Hiddaafi gogaa meeshaa dhiiraa irraa nyaatee fixa
- Madaan banamee ta'uu sun *jarmii* biroodhan lakkafamuu ni mala

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa murmuraa xiqqeessuuf fayyadan:

- Yoo *latex kondomiidhaan* aguugame iyyuu madaan naannoo qaama saalaatti dhalachuu ni danda'a. Akkasumas naannoo hin aguugamnetti dhalachuu ni danda'a. *Latex kondomiitti* sirriitti maa'ii yoo ba'ame daddarbiinsa murmuraa xiqqeessuu ni danda'a
- Quunnamtii saalaa yammuu gootu yeroo hundaa *latex koondomiitti* fayyadami
- Luuga afaaniin quunnamtii yoo goote *latex kondomiitti* fayyadami
- Dhagna dubartii yookaa hudduu arraabuun quunnamtii yoo goote *latexti* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn *koondomii* lamatti kutiiti)

- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin gootuu xinneessi
- Yoo qabamuu kee shakkite dooktora bira ykn dhiyeessitoota *meedikaalaa* biroo bira dhaqiitii ilaalami.
- Yoo qabamte namoota quunnamtii saalaa waliin gootu hunda beeksisi
- Namootnii sii waliin quunnamtii saalaa godhan hundi ilaalamanii yaalii argachuu qabu

DAWAA/YAALA

Dawaa murmuraa:

- Murmuraan dawaa qaba
- Dawaa dooktoraan ajajame barbaachisa
- Namootni quunnamtii saalaa godhan hundi waliin yaalii argachuu qabu

HUBADDHU: Nammi al-tokko qabamee fayye deebi'es qabamuu ni danda'a.

ODEEFFANNO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5767 TTY;
www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa (Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY;
(651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC, STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY;
www.cdc.gov